Oromo

Fitzroy Legal Service

Level 4, Fitzroy Town Hall, Fitzroy, Victoria 3065. Mana Kitaabaa (library) Fitzroy boroodhaan, daandii qalloo karaa 126 Moor St irraan kottu. Bilbilli (03) 9419 3744. Maapiin waraqa kana dugda isaa irra jira.

Barbaachisaa: Afaan deebistuu ni qabaanna. Waraqaa kee hunda maxxansii (print) qabadhuu (fidii) kottu.

Gorsa seeraa bilbilaa fi emaildhaan hin kenninu. Gorsa bilbilaa hariifachiisaaf Victoria Legal Aid 1300 792 387 irratti itti bilbili.

Tajaajila nu biratti argattu (Onsite Services)

Gargaarsa Guyyaa (Day Practice). Wixata (Monday) –Jimaata sa'aa 9 wd (am) hamma 5wb (pm). Sa'aa 1-2 wb (pm) cufaa dha. Dhimmoota seeraa tola ilaalaman yokan tajaajila maallaqni itti kafalamu. Baallama qabachuu qofaadhaan taha.

Gargaarsi seeraa fi bakka bu'ummaan kan tajaajilli kun dalagu kanneen akka himata yakkaa, iyyannaa wabii argachuu (bail application) badii konkolaataa oofichaa (driving offences), adabbii, yakka raawwachuu, Dhadacha Ijoollee seera maatii (Yakka ilaalu) fi jeequmsa maatii

Tajaajila Gorsa Seeraa baallama hin barbaachisne (Drop-In Legal Advice Service). Wixata hanga Kamisa, sa'aa 6:00 wb (pm), Jimaata, sa'aa 6:30 wb(pm) irraa qabee.

Tola. Baallama qabachuu hin barbaachisu, garuu darabeen waan heddummatuuf, 7:00 wb (pm) booda beedee (client) haaraan hin dubbisamu.

Yakkaa fi himata xixiqqaa, dhimmoota poolisii waliinii, balaa konkolaataa, adabbii, gara dadhachaa deemuu, dhimma bittaa fi gurgurtaa seera maatii fi jeequmsa maatii waan dabalu hunda irratti gorsa ni kennina.
Gorsa kan nuti irratti hin kennine: dhimmoota godaantummaa (immigration matters), kontoraata daldalaa, seeraa fi bittaa fi gurgurtaa, wal dhabbii ijaarsa manaa, dhimmoota bakkaa bakka socho'uu (conveyancing), homishata/qabiyyee (investment/trust, dhimmi Dhadacha ol-aanaa (Supreme Court matters), gibira/soor-bahiinsa (tax/superannuation) yokan wixinee walii galtee dhaalmayaa qabeenyaa (wills). Dhimmoota kanaaf gara gargaarsa argattutti si ergina.

Mana yaalaa Seeraa (Clinics):

Mana yaalaa Seera Maatii (Family Law Clinics). Kibxata (Tuesdays) fi Kamisa sa'aa 6:30 (wb)pm irraa eegalee. Tola. Baallama qofaan taha. Gorsa addaa dhimmoota seera maatii irratti, dhimmoota qabeenya seera maatii dabalee.	**Tajaajila Gorsa Seeraa +LGBTIQ. Kamisa jalqaba baatii, sa'aa 6:30 wb (pm) irraa jalqabee. Tola. Baallama qofaan taha.** Abbootii seeraa dhimmicha irratti addatti hojjetan fi gorsa seeraa kennan fi dhimmoota seera maatii irratti bobba'an.	**Mana yaalaa Seera Beeladaa (Animal Law Clinic). Roobii, sa'aa 6:30 wb (pm) irraa qabee. Tola. Baallama qofaan taha.** Abbootii seeraa beeladaa waliin taanee dhimmoota seera beeladaa ilaalu, gorsaa fi gara gartuu kunuunsaa fi mirga beeladaa falmaniitti qajeelchina.

Oromo

Tajaajila halaalatti (Offsite Services)

Odeeffannoo waa'ee tajaajila keenya halaalaaf offsite service) qeebaltuu (reception) 9419 3477 irratti bilbili.

Giddu-galeessa Qajeelummaa Ollummaa (Neighbourhood Justice Centre). 241 Wellington Street Collingwood.

Bakkee (Outreach):

Jeequmsa Maatii bakkeetti (Family Violence Outreach), teessoo gara garaa. Tola. Baallama qofaan taha. Seera maatii fi jeequmsa maatii ilaalchisee gargaarsa seeraaf. Odeeffannoo caaluuf abbootii seeraa Jeequmsa Maatii quunnami.	**Richmond Outreach** **North Richmond Community Health Centre, 23 Lennox St, Richmond. Tola. Baallama qofaan taha.** Tajaajila Gorsa Seeraa kan baallama qabachuu hin barbaachisne irratti gorsa kenninu irratti kana irrattis ni kennina.	**Abbaa Seeraa Qoricha Surrii Bakkeetti (Drug Outreach Lawyer), bakka gara garaatti. Tola.** Namoota qoricha surriitti dhimmi bahuudhaan wal qabatee rakkoo seeraa qaban gargaarra. Odeeffannoo caaluuf abbaa seeraa Qoricha Surrii bakkeettii qunnami.

Barmoota Seeraa (Legal Education):

Kitaaba Caqasa Seeraa (Law Handbook) Seera Victoria keessaa qajeelcha afaan English saphlaadhaan barreessame. Sararaa internetaa: www.lawhandbook.org.au irratti yokan kitaaba isaa boqonna boqonnaadhaan bitachuu, yokan sararaa internet (eBook) irraan bitachuuf: http://www.fitzroy-legal.org.au/store as ilaali.	**Barmoota Seeraa Hawaasaa (Community Legal Education)** Wal-barsiisa odeeffannoo gartuu hawaasaa, hojjettoota hawaasaa fi gartuulee kan biro City of Yarra keessa jiraataniif. Odeeffannoo caaluuf Qondaala Dagaagina Hawaasaa (Community Development Officer) keenya quunnami.

Akka itti nu barbaaddu

Tajaajilli Seeraa Fitzroy (Fitzroy Legal Service) gulantaa (Level) 4, Fitzroy Town Hall irratti argama. Mana Kitaabaa (library) Fitzroy boroodhaan, daandii qalloo karaa 126 Moor St irraan kottu.

Qeebaltuu (reception) 004# tumadhuu qunnamsiistuudhaan qeebaltuu (reception) dubbisii ifiin-deemtuu (lift) dhaan ol bahi.



Geejjiba ummataa

Baasa 200 - 207. Johnston St/ Napier St dhaabbata. Napier Street irra daqiiqa 5 deemsisa.

Trama:

Route 11. Stop 14. (Karaa Brunswick St fi Moor St deemsa daqiiqaa 3)
Route 86. Stop 13. (Karaa Smith St fi Moor St deemsa daqiiqaa 6)
Route 96. Stop 14. (Karaa Nicholson fi Moor St deemsa daqiiqaa 7)